19

20

21

22

23

Gubbaa, Mina Waaqa Mid'aaga



Nami t'aafe: Edward Hughes
Ka choore: Lazarus; Alastair Paterson

Ka afaani deebise: Christian Lingua Translation Agency Christianlingua.com
Ka gadi deebise: Sarah S.

Odu 60 ta 60 keessa

M1914.org

Bible for Children, PO Box 3, Winnipeg MB R3C 2G1 Canada

Lesana: Atini d'uga odu tana irra baafatteni yokhaani gadini baafattu hinqabda ammo hingurgurini.

Waaqi akka nu waan hamtu hojjanne himbeekha, ta inni ch'ubbu jed'uuni. Gatini daba duisa.

Waaqi guddo si jaalata Inni Ilma Isa erge, akka inni Maskali irraatti due gati teenna baasu. Yeso akka jiraataa d'ufe Gubbaattiitti gale. Ammantana Waaqi dandae ch'ubbu teenna nuu araarama.

Yo atini ch'ubbu tante irra deebite, waan kana Waaqani jed'i: Waaqa kiyya, Anini hind'ugefadd'a Yesoni marro tiyyaafi due ammalle arralle hinjira. Si kad'ad'a jireenna kiyyaatti d'iadd'i ch'ubbu tiyya na araarami, akka anini jireenna haraa ammantana argadd'e, duuba haga jiru jireenna si wolini jiradd'u. Akka anini akka Ilma kankeeti si jiraadd'u na dandeessisi. Amin

Biblia soomi Waaqani wolini hasai guyya ch'ufa!

Borana

Gafa Yesoni lafa tana irra jiru Inni jara isa waan Gubbaa itti hime.



1

Inni "Mina Aabba Kiyya", jed'eni, ammalle mina gugurdatti achi jira. Mini kunini worra gudda, mid'aagaa. Gubbaani guddoo ammalle mina lafa tana ch'ufa irra mid'aaddi.



2

Yesoni waan jed'e, "Anini d'aqe fula isaani kurfessa. Yo anini deeme fula isanii kurfesse, Anini ammalle d'ufe gara Kiyyaatti isani fud'add'a." Yesoni Gubbaatti gale, eegi Inni duisa keessa kae. Ato jari Isa Isuma laalu, Yeso gubbaatti oli fud'ani, ammale duumansi isa fud'ate ila nama dura.



3

Eegi gafasi, Kristani khakhu Yesoo qaabata ta inni gadi deebie worra fud'u. Yesoni inni tasuma gadi deebia jed'e, hojjuma nama hinsehanne. Ammo Kristani ato inni hindeebine duu hoo? Bibliani waan jed'u worri qajeellumaatti gara Yesoo d'aqa. Nafa irra fago jirachitini, Aabboni wolini jirachiti.

4

Kitaabi Waan Yohanatti Mullisani, kitaaba buufata ka Bibliati, waan Gubba dansa mama nuutti hima. Wonti guddoni mama, kara jabdu tokkoni, Gubbani mina Waaqa. Waaqi fula ch'ufa jira, ammo Barch'umani isa Gubba jira.



5

Maleekkafi wonti lubbu qabani ka gubba jirani ch'ufti Waaqa Gubbaatti guddiifti. Nami Waaqa ch'uftilleni ka due gubba jiru akkasuma. Worri faaru jabdu Waaqani faarsa.

6

Kunini dubbi hagari ta faaru worri faarsu keessa jirtu: ATINI YA MALTE WONTI AKKANATIIFI ATINI DUA KEETINI NAMA WAAQA BITTE, GOSA CH'UFAAFI AFAANI CH'UFAAFI LAFA CH'UFA KEESSA ATINI YA HAYYOOTAFI QAALLOLE WORRA TOLCHITE. (Mul.5:9)

7

Fulani buufata ta Biblia keessa Gubbaatti akka "Yerusalemu Haraa" jete himti. Tunini fula guddo tokko, ka dalla d'eertu keessa qabdu. Dalla suni d'akha mimid'aaga chulkini jaarani. Dakhani gati guddoo yayyaba girgidda dalla marsa, ka biifa ila nama buutu qabu. Karra dira ch'ufa d'akha ch'uch'uluqa tokkoni hid'ani.



8

Karra gugurdo d'akha ch'uch'uluqa kana hinhid'ani. Koota duunne keessa laalla… Waah! Gubbaani guddo keessani mid'aaddi. Dira worqini jaarani, ka akka ch'ulkii jirtu. Kara isaalle worqini midd'assani.



9

Galani mid'aagani, bisaani jireenna qullooni barch'uma hayyuma ka Waaqa jala yaa. Gama lachu ka galaana mukha jireennatti jira, ka qara Obru Edeni keessatti argani. Mukhi kunini guddoo jabaa. Mid'aani kud'aani lama ka akka akka baasa, ka gosa gosa jia ch'ufa. Baali mukha jireenna ka fayyinna nama gosa ch'ufa.



10

Gubbaani aduufi jia akka ibsitufi himfeetu. Guddinna Waaqaatti ibsa gudda mamatini guuta. Halkani tokkolleni achiitti hintaatu.



11

Ammalle bineensi Gubba jirulleni akka d'ibi jira. Ch'ufti isaani kaso ammalle dadansa. Yaahifi ilmooleni hoolaleni wolini maarra d'eeddi. Nyeench'i gugurdalleni mirgo looni wolini balki d'eeddani. AABBONI waan jed'u, "Worri woma yakke yokhaani himballessu gar Kiyya qulqullo keessatti."



12

Yo nu akkan laallu, wonti nu garru waan Gubbaatti hinjirretti jira. Dubbini dalansuu hind'agaani. Nami tokkolleni wol hinhad'u yokhaani ufo hintahu.

Balbalti qufli hinqabdu, maan jeennani worri d'ara dubbattu, ka nama ijjesu, falfaltu, yokhaani worri d'ibini ka daba achi hinjiru. Ch'ubbuni akka tokkolle Gubbaatti hinjirtu.



13

Gubbaatti Waaqani wolini immimaani hinjirani. Marro hagari, gumini Waaqa marro laalatiifi inuma bootti jireenna kana keessatti. Gubbaatti keessatti, Waaqi immimaani ch'ufa nama irra haq'a.

14

Ta Waan ch'ufa irra dansaa, Gubbaattini fula ilmaan d'iratiifi dubra (nama guddaalle) ka Yeso Kristo akka Baasa d'ugefate ammalle akka Aabbo isa salfateefi. Gubbaatti keessa Kitaaba Jireenna ka Ilme Hoolaatti jira. Maqa namaa hedduutti jira. Atini nama maqa isa achiitti t'aafani himbeetta? Nama ch'ufa ka Yeso abdatte.

Maqani kanke achi keessa jira?

15

Dubbini muummee ka Biblia Gubbaani fula akka male dansaa jetti. "Lubbufi intalti fuud'alleni, 'Kootti!' jetti. Nami waan kana d'agaye ha 'Kootti' jed'uti. Nami d'eebu qabu ch'ufti ha d'ufuti. Nami fed'u ch'ufti ha bisaani jireenna gati male d'uguuti."



16

Dubbini muummee ka Biblia Gubbaani fula akka male dansaa jetti. "Lubbufi intalti fuud'alleni, 'Kootti!' jetti. Nami waan kana d'agaye ha 'Kootti' jed'uti. Nami d'eebu qabu ch'ufti ha d'ufuti. Nami fed'u ch'ufti ha bisaani jireenna gati male d'uguuti."



17

Gubbaa, Mina Waaqa Mid'aaga

Odu tokko ta Dubbi Waaqa, Bibliaa,

Fula keessatti argani

Yohana 14, 2 Korinto 5;
Mullisani 4, 21, 22

"Fuloni Dubbi teeti ibse keenniti."
Faaru 119:130

18